IBSA ODEEFFANNOO TALAALLII OROMO

Talaallii Hepatitis B

Wanti ati beekuu si barbaachisuu

Many Vaccine Information Statements are available in Spanish and other languages. See www.immunize.org/vis

Hojas de información sobre vacunas están disponibles en español y en muchos otros idiomas. Visite www.immunize.org/vis

1 Maaliif talaalamnaa?

Hepatitis B dhukkuba hamaa tiruu miidhuudha. Vaayirasii Hepatitis B dhaan muudata. Hepatitis B dhukkubbii salphaa torbeewwan muraasaaf turu kan dhaaqqabsiisu, ykn dhukkubbii umrii guutuu turuu danda'u dhaaqqabsiisuu danda'a.

Vaayirasiin Hepatitis B hamaa ykn nama ajjeesuu ni danda'a.

Vaayirasiin Hepatitis B hamaan dhukkubbii yeroo gabaabaa yoo ta'u namni tokko vaayirasii hepatitis B saaxilamee ji'oota 6 keessatti kan muudatuudha. Kunis kan dhaaqqabsiisu:

- Oo'a qaamaa, dadhabbii, fedha nyaataa dhabuu fi/ykn balaqqamsiisuu
- Dhukkuba simbiraa (Gogaa ykn ija keelloo, finchaan xuraa'aa, sochii garaachaa bifa dhoqqeetiin)
- Dhukkubbii maataa, hidhataa fi garaachaa

Vaayirasiin Hepatitis B irra ture dhukkuba vaayirasiin hepatitis B irra ture qaama namaa keessatti hafu muudatuudha. Namoonni dhukkuba vaayirasiin hepatitis B irra ture mallattoolee kan hin qabne ta'ee, garuu baay'ee hamaa fi kan asinanaan dhaaqqabsiisuu danda'u:

- Manca'ina tiruu (cirrhosis)
- Kaansarii tiruu
- Du'a

Namoonni dhukuba turuudhaan miidhaman vaayirasii heeppatitis B osoo dhukkubsataa ofitti hin fakkaatiin nama birootti dabarsuu kan danda'an. Ameerikaa keessatti namoonni miiliyoona 1.4 ta'an Heeppatitis B irra turuun miidhamanii jiru. Yoo daa'imman 90% heeppaatis B qaban daraan miidhaman 4 keessaa 1 kan ta'u ni du'a.

Heeppaatis B kan daddarbu yoo dhiiga, sanyii hormaataa, ykn dhangala'aa qaamaa nama faalamee vaayirasiin heeppaatis B gara nama fayyaatti darbeedha. Namoonni vaayirasiidhaan kallattiin itti saaxilaman:

- Dhala (Daa'imni haati isaa dhukkubsattuu taate yeroo dahuumsaatti ykn isaa booddee dhukkubichi itti darbuu danda'a)
- Haadduu ykn buruushii ilkaanii nama dhukkubaan saaxilamee waliin fayyadamuu
- Dhiiga ykn madaa banaa nama miidhamaa waliin tuttuqqii taasisuu
- Nama dhukkubichaaf saaxilamee waliin wal qunnamtii saalaa raawwachuu
- Lilmoo, siriinjii, ykn meeshaa qorichi ittiin fudhatamu kan biroo waliin fayyadamuu
- Dhiiga ulee lilmoo ykn meeshaalee qara qaban biroo irra jiru irraaf saaxilamuudhaan

Waggaa waggaadhaan Ameerikaa keessatti namoota dhukkuba hepatitis (dhukkuba tiruu) B-wal qabataniin namoota 2,000 ol ta'antu du'a.

Talaallii Hepatitis B dhukkuba hepatitis B fi isaan wal qabatan kan ittisuu, kunis kaansarii tiruufi siiroosisii dabalatee ta'a.

2 Talaallii Hepatitis B

Talaallii hepatitis B vaayirasii hepatitis B irraa hojjetama. Hepatitis B dhukkubaaf saaxilamuu hin qaqqabsiisu. Talaalliin yeroo ji'a 1- 6 si'a 2, 3 ykn 4 yeroo hundaa ni kennama.

Da'ima qoricha talaallii isaanii hepatitis B jalqabaa wayita dahuumsaatti kan argataniifi isa kanas umurii ji'oota 6 yeroo hunda kan raawwatamu ta'a.

Hundi isaanii **daa'immaniifi ijoolleen** umuriin isaanii waggaa 19 gadii ta'anii talaallii hin fudhatin talaallamu qabu.

Talaalliin hepatitis B warri hin talaalamiin **ga'eessonni** warra arman gadii dabalatee akka talaalaman gorfama:

- Namoonni warri vaayiresii hepatitis B tiif saaxilamuu danda'an akka
- Nama wal qunnamtii saalaan miira ho'aa kan qabu ta'ee saala faallaa waliin hariiroo yeroo dheeraa kan hin qabaatin
- Namoota dhukkuboota wal qunnamtii saalaan daddarbaniif qorannaa ykn yaala taasisuu barbaadu
- Dhiirota dhiirota biroo waliin wal qunnamtii saalaa raawwatu
- Namoota lilmoo, siriinjii, ykn meeshaa qorichi ittiin fudhatamu kan biroo waliin fayyadamuut
- Namoota maatii keessaa Vaayirasii hepatitis B qabu waliin walitti dhiheenya qabu
- Egumsa fayyaafi hojjettoota qulqullinaa hawwaasaa dhiiga ykn dhangalaa qaamaatiif saaxilaman rakkina keessa jiru
- Jiraattotaafi hojjettoota tajaajilaa namoota qaama miidhamtootaaf
- Namoota tajaajilawwan sirreessu keesa argamuu
- Namoota wal qunnamtii saalaan sarbaman ykn saaxilaman
- Imaltoota naannoo hammi hepatitis B itti hedduummatu
- Namoota dhukkuba hamaa tiruu, dhukkuba kale, faalamtoota, HIV, ykn dhukkuba sukkaaraa
- Nama hepatitis B irraa ittisamuu barbaadu kamiyyuu

Akka talaalliwwan biroo hepatitis B qabatamuudhaaf tilmaamni beekkamu hin jiru.

Akka hayyama eegumsa fayyaa Kennuufi, haala gabaas Talali sirritti, qoranno talalitifi, saganta gaha tahe, Talale fuul duraatif gabaasni ni ergama eegumsa galme fooyyessu Michiganifi. Namoonni dhunfaa, akk gaafatan dhaabbat gargaars fayyaa isaaniif kennu, akka gaabaas talale fuul duraa akk galmeet hin ergin Mirga qaban.

U.S. Department of Health and Human Services
Centers for Disease Control and Prevention

3 Namootnni muraasni talaallii kana argachuu hin qaban

Nama talaallii kennutti himi:

- **Yoo talaalliin fudhattan hammina dhukkubbii lubbuu miidhuu danda'u kamiyyuu yoo qabaate.** Qoricha talaallii hepatitis B booddee dhukkubbii lubbuu miidhuu danda'u yoo qabaattan, ykn talaallii kanaan wal qabatee dhiibbaa hamaa kan qabaattan yoo ta'e, talaallii kana hin fudhattan. Dhiheessaa tajaajila kunuunsa fayyaa keessan waa'ee galteewwan talaallii isinitti himu.
- **Yoo namni talaallii fudhate haalli gaariin isatti dhagahamuu baate.** Yoo dhukkubbii xiqqaa kan qabdan ta'e, fakkeenyaaf qufaa, talaallii har'a argachuu dandeessu. Yoo giddu galeessaan ykn hamminaan kan dhukkubsattan ta'e, hanga dandamattanitti eeguu qabdu. Ogeessi fayyaa keessan gorsa isiniif laatu.

4 Miidhaa talaallii irraa dhufuu danda'an

Talaalliiwwan dabalatee, qorichi kamiyyuu, carraa dhiibbaa qabaa. Dhukkubbiin salphaan yeroo hedduu ofii isaatiin guyyoota muraasa keessatti gadi dhiisa garuu dhukkubiin cimaaniis mudachuu danda'a.

Namoonni hedduun talaallii hepatitis B fudhatan isaa waliin rakkinoota tokko illee hin qabaatu.

Rakkinoonni xiqqoon talaalliin hepatitis itti fuufiinsaan kan dabalatu:

- Madaa'uu qaamaa iddoo talaalliin ittiin kennameen
- Hamma-oinaa 99.9°F ykn isaa ol

Yoo rakkinni kuni muudate, akkuma talaalliin fudhatameen ta'ee guyyoota 1 ykn 2 booddee keessatti kan eegaludha.

Waa'ee kanaa ogeessi fayyaa keessan isinitti himuu ni danda'u.

Rakkinoota talaallii kana booddee muudachuu danda'an:

- Namoonni yeroo tokko tokko talaallidhaan booddee, qoricha dabalatee ni gaggabu. Daqiiqaawwan 15 ta'uuf taa'uun ykn boqachuun gaggabuufi dhukkubbii kufaatiidhaan dhufu hambisuuf gargaara. Yoo dhiphatte, ykn agartuun yoo jijjiirame ykn gurra keessaa kan iyyu yoo ta'e oggeessa yaalaa keetti himi.
- Daa'imman guguddatan muraasnii fi ga'eessonni gateetti irratti dhukkubbii hamaa kan isaan muudatuu fi wayita qorichi kennamutti harki socha'uu hin danda'u. Kuni darbee darbee muul'ata.
- Qorichi kamiyyuu miidhaa hamaa qaqqabsiisuu danda'a. Rakkinoonni akkasii kun baay'ee muraasa, qorichoota miiliyoona keessaa muraasaafi talaallii booddee daqiiqawwan muraasaafi sa'aatiiwwan muraasa booddee kan muudatu ta'a

Akkuma talaallii biroo talaalliin miidhaa hamaa ykn du'a qaqqabsiisan baay'ee muraasa.

Qulqullummaan talaallii yeroo hundaa ni to'atama Odeeffannoo dabalataaf, daa'wadhaa:
www.cdc.gov/vaccinesafety/

DCH-04500 AUTH: P. H. S., Act 42, Sect. 2126.

Translation provided by the Minnesota Department of Health

5 Dhiibaan cimaa ta'e yoo mudate hoo?

Maalan barbaadaa?

- Wanta si ilaallatu kamiiyyuu barbaadi, kanneen akka mallattoolee miidhaa hamaa, boowwoo daraan cimaa, ykn amala hin baramne.

  Mallattoolee miidhaa hamaa ta'e kan dabalatu, adda bahuu, dhiita'uu fuulaa fi qoonqoo, rakkina hargansuu, dhahannaa onnee saffisaa, ceeqamuu fi dadhabbii. Kuni talaallidhaan booddee daqiiqawwan muraasaa hanga sa'aatiwwan muraasaatti muudata.

Maal haa hojjedhu?

- Yoo **dhukkuba miidhaa hamaa ta'e** ykn tasaa turuun hindanda'amne ta'e, 9-1-1 irratti bilbilaa fi namicha gara Hospitaala Dhiheenyaatti geessaa. Ta'uu yoo baate, Kiliinika keessan waamaa.

  Sana booddee, bu'aan isaa Sirna Gabaasa Talaallii Miidhaa qabaniif (VAERS) gabaafama. Ogeessi fayyaa keessan gabaasa kana ni galmeessa, ykn ofii keessaniif marsariitii VAERS tiin hojjechuu ni dandeessu **www.vaers.hhs.gov**, ykn **1-800-822-7967** bilbiluudhaan.

VAERS gorsa fayyaa hin kennu.

6 Sagantaa Beenyaa MiidhaaTalaallii Biyyoolessaa

Sagantaan Beenyaa Miidhaa Talaallii Biyyoolessaa (VICP) sagantaa Federaalawaa miidhaa talaalliwwaniin dhufaniif beenyaa kan kennuudhaaf hundeeffameedha.

Namni miidhaan sagantaa Kanaan dhufuu isaa itti amanu waa'ee sagantaa kan baratuufi bilbila **1-800-338-2382** irratti bilbiluudhaan gaaffii gaafachuu kan danda'uu ykn marsariitii VICP **www.hrsa.gov/vaccinecompensation** da'wachuudha.

Beenyaa gaafachuudhaaf daangaan yeroo ni jira.

7 Akkamittan waa hedduu barachuu danda'aa?

- Dhiheessa Tajaajila kunuunsa fayyaa keessan gaafadhaa. Inni ykn isheen golga talaallii seenu isiniif kennuu ni danda'u ykn madda odeeffannoo biroo isinitti himu.
- Qajeelcha fayyaa naannoo ykn bulchiinsa keessaniif bilbilaa.
- Giddu gala To'annaa fi Ittisa Dhukkubaa (CDC) qunnamaa:
  - **1-800-232-4636 (1-800-CDC-INFO)** bilbilaa ykn
  - marsaritii **www.cdc.gov/vaccines** do'adhaa

Vaccine Information Statement

Hepatitis B Vaccine

Oromo

Office use only

10/12/2018 | 42 U.S.C. § 300aa-26